# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 23-01 - 2012 تاريخ
Date:

Lakk.: 002/stm-abo/2012 رقم
No.:

**Waamichi warraaqsaa *Kora Qindeessaa Warraaqsa Ummata Oromoo* fi *Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa Bilisummaa fi Demokraasiif (Qeerroo)*dhaan Taasifame Ummata Oromoo Bal'aa fi Ummatoota Biyyattii Hundumaan Deeggramuu Qaba**

Korri Qindeessaa Warraaqsa Ummata Oromoo fi Sochiin Dargaggoota Biyyoolessaa Bilisummaa fi Demokraasiif (Qeerroon) waamicha seena qabeessa ummata Oromoof dhiheessanii jiru. Waamichi kunis waamicha Warraaqsaa ti. Waarraaqsi jaarmayoota hawaasa Oromoo irraa jaaraman kanaan karaa nagaadhaan geggeeffamu kaayyoon isaa gabaabaa fi ifaa dha. Sirna cunqursaa fi ukkaamsaa Mallas Zeenaawii hundeen buqqisanii darbuu dha. Warraaqsi jaarmota lamaan kanaan waloon waamame itti fufa Fincila Diddaa Gabrummaa (FDG) waggoota kurnan dabran Oromiyaa guutuu keessatti geggeeffamaa yoona gahee ti.

Yeroon itti waamichi warraaqsaa kun taasifame Oromiyaa keessatti yeroo murteessaa dha. Yeroo itti hidhaa fi ajjeechaan lammiilee Oromoo irratti raaw'atamu sadarkaa dorgoomaa hin qabne irra gahee argamuu dha. Yeroo itti Oromoo irraa godoon diigamee alagootaaf viillaa fi gamoon jaaramaa jiruu dha. Yeroo itti Oromoon abbaan biyyaa kabajaa qehee isaa irratti qabaachaa ture mulqamee alagaa qehee isaa dhaaleef waardiyyaa dhaabbatuu fi garadummaan tajaajiluuf dirqamee dha. Yeroo itti gatiin gabaa akka malee qaala'ee abdiin jireenyaa ummatatti dukkanaawee dha. Yerichi yeroo itti dachiin Oromiyaa qabeenya gubbaa fi jala isaa jiru waliin alagaatti gurguramaa jiru, yeroo itti naannoon uumamaa Oromiyaa akka hamaatti faalamaa fi barbadeeffamaa jiruu dha. Walumaa galatti yerichi yeroo itti namni hafnaan dachiin Oromiyaa illee dabaa cubbuuwwan irratti raaw'atamaa jiranu baachuu dadhabdee uuuu….. jettee iyyaa jirtu tahuun waan hin haalamne.

Warraaqsi yeroo akkasii keessatti jaarmota hawaasaa kan QBO of dura tarkaanfachiisuuf murtanii jaaramaniin labsamu, warraaqsa haqaa ti. Warraaqsa gaaffii yeroo kanaatiin dhalatee dha. Kanaafuu dirmannaa murna hawaasaa hundumaa tu malaafi. Warraaqsi biyyoota Arabaa (The Arab Spring) kan abbootii irree garii buqqisee darbee gariis darbuuf qabee raasaa jiru warraaqsuma ummataa ti. Ummanni Oromoo fi ummatoonni cunqurfamoon akka isaa biroon, gootummaa fi qindoomina warraaqsa akka isa biyyoota Arabaa san waan hin dhugoomsineef hin qabani. Keessumattuu ummanni Oromoo wayyabni warraaqsa Itoophiyaa keessatti qabatee sirna cunqursaa Mallas Zeenaawii dhabamsiisuu qabuuf guca jalqabaa qabsiisuunii fi warraaqsa kana hogganee galii isaatiin gahuun qooda wayyabummaa isaa ti.

Addi Bilisummaa Oromoo akka dhaaba hogganaa QBOtti, sochii qabsoo ummata Oromoo kana garaa guutuudhaan deeggara, fiixa bahiinsa isaafis qooda irraa eegamu hundumaa ni gumaacha. Dhaaba bilisummaa ummata Oromoof qabsaawu waan taheef wayta ummanni Oromoo of ijaaree bilisummaa isaa dhugoomfachuuf sosso'u, sochii kana deeggaruu fi jajjabeessuuf dirqama kallachummaa qabsoo guddaa kan qabu isuma. Kana yoo jennu garuu, warraaqsi karaa nagaan geggeeffamu kun warraaqsa ummatichaa (nonviolent people's revolt) waan taheef, tarsiimoo qabsoo ABOn akka dhaabaatti hordofu wajjin walitti hidhamee laalamuu hin qabu. Warraaqsi jalqabame kun warraaqsa diddaa ummataa (civil disobedience) waan taheef, mootummaan biyyan bulcha ofiin jedhu osoo yeroon hin dabarre gaaffiilee ummataa karaa nagaan dhihaataa jiran kanaaf deebii karaa nagaa kennuuf dirqama qaba.

Ummanni Oromoo Oromiyaa fi biyyoota alaa jiraatu warraaqsa seena qabeessa ilmaan isaa qabsiisan kana qaamaa qalbiin itti dirmatee akka milkeessu Addi Bilisummaa Oromoo waamicha dabarsa.

P.O.Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 153848 Email: abamilki@gemel.com.er, *www.oromoliberationfront.org*

Ummanni Oromoo biyya keessaa kaabaa kibba, bahaa dhiha osoo hin jenne magaalaalee godinaa mara keessatti wiirtuu warraaqsaa tolfachuudhaan sagalee diddaa isaa ol fuudhee akka dhageessisu seenaan waamicha dhiheessiteefii jirti. Dhiiraa dhalaan, guddaa xiqqaan, barataan, barsiisaan, daldalaan, qotataan, hojjetaan, sooressi, hiyyeessi, walumaa galatti qaamonni hawaasaa hundumtuu (from all walks of life) irraa hirmaachuun fardii taha. Miseensonni dhaabota Oromoo biyya keessaa fi alaas (miseensota OPDO illee dabalatee) warraaqsa ummata Oromoo kana cinaa akka dhaabbatan waamicha dabarsina. Warraaqsi akkasii obsaa fi murannoo cimaa akka barbaadus dagachuu hin feesisu. Warraaqsi karaa nagaan geggeeffamu kun guyyoota, torbaanota, ji'oota yookiis waggoota fudhachuu akka danda'u hubatanii murnnoo fi obsa guddaa galaa godhatanii itti of qopheessaa deemuu akka barbaachisu hubatamuu qaba. Didhaalee fi qormaata kamuu injifannoodhaan keessa bahuuf, seenaa warraaqsaa ummanni Masr bakka *Tahriir Square* jedhamutti galmeesse yaadachuu fi mooyxannoo irraa fudhachuun barbaachisaa dha.

Hireedhuma kanaan, humnootni Ittisaa, Poolisaa, Dafee Dhaqqabaa (Faxnoo Daraash), Milishaa fi Tikaa ajaja mootummaa abbaa irree Wayyaanee guutuuf jecha ummata harka duwwee warraaqsaaf gadi bahu irratti dhukaasuu yookiis reebuu irraa akka jabeessitanii of eeggattan Addi Bilisummaa Oromoo waamicha dabarsa. Keessumattuu ilmaan Oromoo humnoota mootummaa kana keessatti hiriirtanii argamtan, yeroon isin hidhannoo keessan guutuu wajjin ummata cinaa gortanii warraaqsa kana ariifachiisuu qabdan amma tahuu isaa isin yaadachiifna. Warraaqsi geggeeffamaa jiru warraaqsa saba keessanii qofa osoo hin taane warraaqsa maatii keessan maraa ti. Gaaffiin warraaqsi kun qabatee geggeeffamaa jirus gaaffiidhuma keessan tahuu isaas yaadadhaa.

Haaluma wal fakkaatuun lammiileen saboota biyyattii keessaa kan Oromoo waliin hiree cunqursaa hamaa mudatan warraaqsa ummanni Oromoo qabsiise kana cinaa hiriiranii waloodhaan sirna cunqursaatti xumura gochuu tu irraa eegama. Warraaqsi kun warraaqsa sirna cunqursaa buqqisanii darbuuf akeekkate waan taheef warraaqsa ummatoota cunqurfamoo hundaa ti. Warraaqsa diina waloo dhabamsiisuuf xiyyeeffate waan taheef tumsaa fi qooda fudhannaa cunqurfamtoota hundaa gaafata. Keessumattuu magaalaalee gurguddoo akka Shaggar keessatti wal tumsa ol'aanaa agarsiisuudhaan akka warraaqsi kun hawata miidiyaalee alaa gahaatti argatu taasisuuf waloodhaan hojjechuun barbaachisaa taha. Sirna abbaa irree maqaa diimokraasiitiin nagadu, kan saamicha, hidhaa, ajjeechaa, ukkaamsaa fi reebicha imaammata godhate kana dhabamsiisanii, bakka isaa sirna nagaa, bilisummaa, demokraasii fi badhaadhina dhugoomsu diriirfachuuf hundinuu akka warraaqsa kanatti dirmatu waamicha goona.

Hawaasni addunyaa fi mootummootni haqa namaaf dhaabbattan hundi warraaqsa kana deggaruun dirqama mooraalatu irra jira. Warraqsi kun kuukkii cunqursaa fokkataa waggaa dhibbaa fi sodomaan olii of irraa kaasuuf kan godhamu waan taheef akkuma warraaqsota bakka biraa deggarsa isaaf mala.

Injifatnoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo
Amajjjii 23, 2012